Kabajamoo Daldaltoota Tajaajila Nyaataa Seattle,

Kun fooyya'iinsa ulaagaalee meeshaalee tajaajila nyaataa haaraa irratti Seattle Public Utilities (SPU) irraa ta'e dha. Seattle Public Utilities Seera Daarektarri SW-500 fooyyessee jira: "Ulaagaalee fi Yeroodhaaf Ala Ta'an Meeshaalee Tajaajila Nyaataa fi Oomishaalee Paakeejii." Seerri fooyya'e kun Adoolessa 1, 2023 irraa eegalee hojiirra oola.

Dambii fooyya'e kanaan:

- Meeshaaleen tajaajila nyaataa hundi irra deebi'anii kan fayyadan, deebi'anii kan haaromfaman, yookiin kan boossosan ta'uu qabu, eeyyama meeshaalee yeroo jalatti warra hin dhorkamne irraa kan hafe.
- Qaamni kubbaayyaa ho'aa yookiin golgaa nyaataa ta'an kana booda akka ulaagaa Seattle Municipal Code (SMC) 21.36.086 tti meeshaalee yeroo keessatti hin ramadaman. Qaamni kubbaayyaa yeroo tokko fayyadu kan diyaameetira inchii 3 gadii hundi dirqama kan boossosu ta'uu qaba.
- Waraqaan kuusaa tajaajila nyaataa kan eeyyamamu yoo kan boossosu ta'e qofa.
- Meeshaaleen tajaajila nyaataa yeroo tokkoof fayyadan nyaata yerooma sana nyaatamuuf oolan kan boossosan ta'uu qabu.
- Meeshaaleen tajaajila nyaataa boossosan ulaagaalee Revised Code of Washington (RCW) Boqonnaa 70A.455, "Boossosuu Omisha Pilaastikii" guutuu qabu. Bu'uura seera kanaatiin oomishoonni boossosan:
    - Qaama Sadaffaatiin Kan boossosu ta'uu isaaf ragaan kan kennameef yookiin guutummaatti muka yookiin faayiberii irraa kan hojjetamee fi pilaastikiin kan hin haguugamne ta'uu qaba.
    - Akka boossosu salphaaa fi ifatti adda ba'uu qaba, kunis jecha

  "kan boossosu" jedhu mul'isuu akkasumas mallattoo fi halluu istaandaardii industriin walsimuu dabalatee. Waa'ee ulaagaalee seera kana jalatti ibsaman bal'inaan as irraa argachuu dandeessu. (https://apps.ecology.wa.gov/publications/documents/2307022.pdf).
- Meeshaaleen tajaajila nyaataa yeroo tokko fayyadan akkaataa ulaagaa RCW Boqonnaa 70A.245.080, "Filannoo Tajaajia Kuusaa" tiin dhiyaachuu qabu. Seera mootummaa kana jalatti, meeshaaleen, ujummoo xuuxxaa, golgaan mi'eessituu, fi golgaan qaruuraa dhugaatii qabbanaawaa ta'eef kennamuu kan danda'u gaaffii maamilaani yookiin raabsituu yookiin kuusaa of-tajaajilaa fayyadamuudhaani. Waa'ee ulaagaalee seera kana jalatti ibsaman bal'inaan as irraa argachuu dandeessu (ecy.wa.gov/serviceware).

Daldaltoonni tajaajila nyaataa kennan akka godhan jajjabeeffamu:

- Haala yaalaa yookiin qaamaatiin yeroo barbaachisaa ta'etti maamiltoonni yoo gaafatan ujummoo xuuxxaa pilaastikii boossosu dhodhomoqu yookiin ujummoo xuuxxaa pilaastikaa gatamuu danda'u fi
- meeshaalee tajaajila nyaataa yeroo dheeraaf fayyadan fi meeshaalee nyaata yerooma sana nyaatamaniif oolan dhiyeessuuf dhiyeessii gahaa akka qabaatan.

Barruulee odeeffannoo dabalataa kanneen daldala tajaajila nyaataaf barbaachisan irratti maxxansinee jirra.

Tarree ulaagaalee meeshaalee tajaajila nyaataa hunda ilaaluuf, maaloo marsariitii keenya daawwadhaa: bit.ly/spu-food-packaging

Sagantaa saamsa nyaataa Seattle irratti odeeffannoo dabalataaf, qabeenya bilisaa fi gargaarsa ogummaa dabalatee, maaloo 206-343-8505 irratti nu qunnamaa yookiin imeelii gara greenbusiness@seattle.gov.erguudhaan

Nagaa Wajjin,

Seattle Public Utilities Green Business Program
206-343-8505
GreenBusiness@seattle.gov